WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 21[ffaa]..... Lak. 4/2005
፳፩ኛ ዓመት........ ቁጥር ፬/፪ሺ፭
21[st] year ........... No. 4/2013

Finfinnee, Guraandhala 2/2005
ፊንፊኔ፣ የካቲት ፪ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም
Finfine, February 9, 2013

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለጫ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ........ Qar. 5.20
ያንዱ ዋጋ ........... ፭ ብር ከ፳ ሣንቲም
Unit Price .............. Birr 5.20

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር .......... 21383-1000
P.O.Box ................ 21383-1000

**OABIYYEE**

Labsii Lak. 178/2005
Labsii Misooma, Egumsaafi Ittifayyadama Qabeenya Qurxummii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe .............Fuula 1

**ማውጫ**

አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፰/፪ሺ፭ ዓ.ም
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የዓሣ ሀብት ልማት፣ ጥበቃና አጠቃቀም ለመወሰን የወጣ አዋጅ ... ገጽ ፩

**CONTENT**

Proclamation No. 178/2013
A Proclamation Enacted to Determine Fishery Resource Development, Preservation and Utilization of Oromia National Regional State ................................ Page 1

## Labsii Lak. 178 /2005
## Labsii Misooma, Egumsaafi Ittifayyadama Qabeenya Qurxummii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Qabeenya qurxummii Naannichaa misoomsuun sirnaan ittifayyadamuufi kunuunsuun guddina dinagdee naannoofi biyyaatiif shoora taphachuu qabu akka gumaachu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qaamoleen bishaanii qabeenyi qurxummii keessatti argamu xiyyeeffannaa barbaachisu argatanii akka misooman taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Sirna to'annaa qabeenya qurxummii hirmaannaa ummataatiin haala ittifufiinsa qabuun misoomsuu, eeguu fi ittifayyadamuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፰/፪ሺ፭
## የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የዓሣ ሀብት ልማት፣ ጥበቃና አጠቃቀም ለመወሰን የወጣ አዋጅ

የክልሉን የዓሣ ሀብት በአግባቡ በማልማት ለመጠቀምና በመንከባከብ በክልሉና በሀገሪቱ የኢኮኖሚ እድገት ሊኖረው የሚገባውን ሚና በመወጣት አስተዋፀዖ እንዲያበረክት ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የዓሣ ሀብት የሚገኝባቸው የውሃ አካላት አስፈላጊውን ትኩረት አግኝተው እንዲለሙ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የዓሣ ሀብት ቁጥጥር ስርዓትን በሕዝቡ ተሳትፎ ቀጣይነት ባለው ሁኔታ ማልማት፣ መጠበቅና መጠቀም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

## Proclamation No. 178/ 2013
## A Proclamation Enacted to Determine Fishery Resource Development, Preservation and Utilization of Oromia National Regional State

WHEREAS, it is found necessary to develop, utilize and conserve fishery resource properly for it to play its role in contributing in the economic development of the region and the country;

WHEREAS, it is found necessary to give due attention and develop water bodies in which fishery resource exist;

WHEREAS, it is found necessary to follow up fishery resource systematically, develop, preserve and utilize with the participation of the people in a sustainable manner;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin Labsiin kanatti aanu labsameera.

**KUTAA TOKKO**
**TUMAALEE WALIIGALAA**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Misooma, Eegumsaa fi Ittifayyadama Qabeenya Qurxummii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 178/2005" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1) **"Ejensii"** jechuun Ejensii Misoommaa fi Eegumsa Fayyaa Beeyladaa Oromiyaatii fi caasaa isaa sadarkaa sadarkaan jiru jechuudha.
2) **"Qurxummii"** jechuun beeyladoota bishaan keessaa ho'inni qaama isaanii dhaabbataa kan hin taane sanyii qurxummii gosa adda addaa kan akka Qolaanqoo (Crustaceans), Elelloo (Mollusks), akkasumas killee isaan buusan, cuucii yaafame yookiin cuucii guddachaa jiran kamiyyuu kan dabaltuudha.
3) **"Qabeenya Qurxummii"** jechuun kuufama qurxummii adda addaa qaama bishaanii uumamaa fi nam-tolchee keessatti argaman jechuudha.
4) **"Giddugaleessa Horsiisa Qurxummii"** jechuun haala to'annaan taasifamuun qaama bishaanii uumamaa fi nam-tolchee keessatti qurxummii horsiisuu, misoomsuu fi eeguu jechuudha.
5) **"Horsiisa Qurxummii"** jechuun qaama bishaan horsiisni qurxummii keessatti gaggeeffamu ta'ee, horsiisa mana keessatti dhuunfaadhaan bashannanaaf qophaa'e kan hin dabalanne jechuudha.

ተሻሽሎ በወጣው በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ መንግስት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው አዋጅ ታውጇል።

**ክፍል አንድ**

**ጠቅላላ ድንጋጌዎች**

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የዓሣ ሀብት ልማት፣ ጥበቃና አጠቃቀም ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፰/፪ሺ፭ ዓ.ም" ተብሎ ሊጠራ ይችላል።

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጓሜ የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ:-

፩) **"ኤጀንሲ"** ማለት የኦሮሚያ እንስሳት ሀብት ልማትና ጤና ኤጀንሲ እና በየደረጃው ያለው መዋቅር ማለት ነው።
፪) **"ዓሣ"** ማለት በውሃ ውስጥ ያሉ እንስሳት የሰውነታቸው ሙቀት ቋሚ ያልሆነ የዓሣ ዝርያ ሸርጠን (ክሩስታሺያን) ዛጎል ለበስ (ሞለስክ) እንዲሁም የሚጥሉት እንቁላል፣ የተፈለፈለ፣ ወይም በማደግ ላይ የሚገኙ ማንኛውም ጫጩት የሚያጠቃልል ነው።
፫) **"የዓሣ ሀብት"** ማለት በተፈጥሮና ሰው ሰራሽ የውሃ አካላት ውስጥ የሚገኝ የተለያየ የዓሣ ክምችት ማለት ነው።
፬) **"የዓሣ እርባታ ማዕከል"** ማለት ቁጥጥር በሚደረግ ሁኔታ በተፈጥሮና ሰው ሰራሽ የውሃ አካል ውስጥ ዓሣ ማርባት፣ ማልማትና መጠበቅ ማለት ነው።
፭) **"የዓሣ እርባታ"** ማለት የዓሣ እርባታ የሚካሄድበት የውሃ አካል ሆኖ በቤት ውስጥ በግል ለመዝናኛ የተዘጋጀውን የማያካትት ማለት ነው።

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Constitution of the National Regional State Oromia Proclamation No. 46/2001 it is hereby proclaimed as follows.

**PART ONE**

**GENERAL PROVISIONS**

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as "A Proclamation Enacted to Determine Fishery Resource Development, Preservation and Utilization of Oromia National Regional State Proclamation No. 178/2013".

**2. Definition**

Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

1) **"Agency"** means Oromia Livestock Resource Development and Health Agency and its structural organs at all levels.
2) **"Fish"** means different species of fish living in water body with no constant body temperature, Crustanceans, Molusks, including their spawn, fry or fingurlings.
3) **"Fish Resource"** means fish stock found both in natural and man made water bodies.
4) **"Aquaculture Facility"** means breeding, developing and conserving fish in natural and man made water bodies under controlled condition.
5) **"Aquaculture"** means water body in which aquaculture activity is undertaken with the exclusion of aquarium prepared for personal recreational breeding.

6) **"Qurxummii Kiyyeessuu"** jechuun tooftaa kamittuu fayyadamuun qaama bishaanii keessaa kaayyoo kamiifiyyuu qurxummii qabuu, baasuu yookiin ajjeesuuf gocha raawwatamu jechuudha.

7) **"Kiyyeessaa Qurxummii"** jechuun nama hojii qurxummii kiyyeessuu irratti bobba'e jechuudha.

8) **"Faayidaa Dhuunfaaf Qurxummii Kiyyeessuu"** jechuun qurxummii nyaata ofiitiif yookiin nyaata maatiitiif oolu kiyyeessuuf gocha namni tokko raawwatu jechuudha.

9) **"Daldalaaf Qurxummii Kiyyeessuu"** jechuun guutumaan guutuutti yookiin gar-tokkeen gurguruuf Ejensii irraa eeyyama gahumsa ogummaa baafachuun qurxummii kiyyeessuu jechuudha.

10) **"Bashannanaaf Qurxummii Kiyyeessuu"** jechuun qonyee tokko kirrii naayileeniin walitti hidhame fayyadamuun ittigammaduudhaaf jedhamee Ejensii irraa eeyyama kiyyeessuu baafachuun kiyyeessa qurxummii gaggeessuu jechuudha.

11) **"Qorannoof Qurxummii Kiyyeessuu"** jechuun qorannoo saayinsiitiif, yaalii fi hojii qorannoo kan biroof qaama bishaanii kamiyyuu keessatti qurxummii galchuu, qabuu fi akuwaariyeemii yookiin god-ambaatiif qurxummii walitti qabuu ni dabalata.

12) **"Naannoo Eegamaa Qabeenya Qurxummii"** jechuun qaama bishaanii kamiyyuu keessatti sanyii qurxummii eeguuf yookiin kaayyoo birootiif guutumaa guutuutti yookiin gar-tokkee daangessuun hojii qorannootiif qofa kan oolu jechuudha.

13) **"Bidiruu Qurxummii Ittiin Kiyyeessan"** jechuun qurxummii ittiin kiyyeessuu fi callaa qurxummii ittiin sassaabuuf meeshaalee kan akka: sibiilaa, mukaa, leemmanaa, bofoffee yookiin meeshaalee kan kana fakkaatan irraa hojjetamee bishaan irra kan deemuudha.

፮) **"ዓሣን ማስገር"** ማለት በማንኛውም ዘዴ በመጠቀም ከውሃ አካል ውስጥ ለማንኛውም አላማ ዓሣ ማስገር፣ ማውጣት ወይም ለመግደል የሚደረግ ድርጊት ማለት ነው።

፯) **"ዓሣ አስጋሪ"** ማለት በዓሣ ማስገር ሥራ ላይ የተሰማራ ሰው ማለት ነው።

፰) **"ለግል ጥቅም ዓሣን ማስገር"** ማለት ዓሣን ለራስ ወይም ለቤተሰብ ፍጆታ ለማዋል አንድ ግለሰብ የሚያከናው ነው የማስገር ድርጊት ማለት ነው።

፱) **"ለንግድ ዓሣን ማስገር"** ማለት ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ለሽያጭ ከኤጀንሲው የሙያ ብቃት ፍቃድ በማውጣት ዓሣን ማስገር ማለት ነው።

፲) **"ለመዝናኛ ዓሣን ማስገር"** ማለት በአንድ መንጠቆ እና በናይለን ክር በመጠቀም ለመዝናኛ ተብሎ ከኤጀንሲው ፍቃድ በማውጣት ዓሣን ማስገር ማለት ነው።

፲፩) **"ለምርምር ዓሣን ማስገር"** ማለት ለሳይንስ ምርምር፣ ለሙከራ እና ለሌላ የምርምር ሥራ በማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ ዓሣን ማስገባት፣ መያዝና ለአኳሪየም ወይም ለሙዚየም ዓሣ መሰብሰብን ያካትታል።

፲፪) **"ጥብቅ የዓሣ ሀብት ክልል"** ማለት በማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ የዓሣ ዝርያ ለመጠበቅ ወይም ለሌላ አላማ ሲባል ሙሉ ለሙሉ ወይም በከፊል በመከለል ለምርምር ሥራ ብቻ የሚውል ማለት ነው።

፲፫) **"ዓሣ ማስገሪያ ጀልባ"** ማለት ዓሣን ለማስገር፣ የዓሣ ምርትን ለማሰባሰብ ከብረት፣ ከእንጨት፣ ከቀርከሃ፣ ከደንገል ወይም ከመሳሰሉት እቃዎች የተሰራ በውሃ ላይ የሚንሳፈፍ ማለት ነው።

6) **"Fishing"** means catching, taking, or killing fish for whatever purpose using any method from a water body.

7) **"Fisherman"** means a person who is engaged on fishing.

8) **"Subsistance Fishing"** means fishing carried out solely for the purpose of personal or family consumption.

9) **"Commercial Fishing"** means fishing for complete or partial sale by obtaining license from the Agency.

10) **"Recreational Fishing"** means fishing solely for the purpose of pleasure using hook and nylon line by obtaining license from the Agency.

11) **"Fishing for Research"** means fishing for the purpose of scientific research, experiment, and other studies; stocking fish into any water body and including collecting fish for an aquarium or museum.

12) **"Protected Fishery Resource Area"** means to preserve fish species in any water body, or demarcate fully or partially only to be used for the purpuse of research.

13) **"Fishing Boat"** means any floating vessel made of metal, wood, bamboo, or any other material for the purpose of fishing.

14)**“Meeshaalee Qurxummii Ittiin Kiyyeessan”** jechuun hojii qurxummii kiyyeessuuf kan tajaajilan kan akka bidiruu, saaphanaa, kiyyoo, gingilchaa, qonyee kirrii naayileeniin walitti hidhame, yookiin meeshaalee kana fakkaataniidha.

15) **“To’ataa Qabeenya Qurxummii”** jechuun qabeenya qurxummii to’achuudhaaf nama Ejensichaan ramadame jechuudha.

16)**“Qaama Bishaanii”** jechuun lageewwaan, haroowwan, kuufama bishaanii, doloolloo waggaa guutuu yaa’an yookiin lafa laaqii kamiyyuu yammuu ta’u, sanyiin qurxummii kan keessatti argamu ta’ee, haroowwan uumamaa yookiin cufaalee bishaanii namoota dhuunfaa harka jiran kan dabalatuudha.

17)**“Waliigaltee”** jechuun qaama bishaanii tokko nama dhuunfaatiif yookiin waldaaf yookiin dhaabbataaf yeroo murtaa’eef kiraadhaan yookiin ‘konseeshiniidhaan’ kennuu jechuudha.

18)**“Koree”** jechuun koree sadarkaa adda addaatti dhaabbatee hojii misoomaa, egumsaa, itti fayyadamaafi to’annoo qabeenya qurxummii irratti murtii kennuuf aangoon seeraan kennameefii dhaabbate jechuudha.

19)**“Nama”** jechuun nama uumamaa kamiyyuu yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

20)**“Waldaa”** jechuun waldaa kiyyeessitootaa sochii hojii qabeenya qurxummii irratti bobba’an jechuudha.

21)**“Callaa Qurxummii”** jechuun qurxummii bishaan keessaa oomishameefi lafee duugdaa qabu, kan mii’i garaa keessaa bahe, foon lafeen qurxummii irraa bahe, kan jaji’amee qoore, kan aaraan gogeefi cabbiin qophaa’e hunda ni dabalata.



፲፬)**“የዓሣ ማስገሪያ መሳሪያዎች”** ማለት ዓሣን ለማስገር የሚያገለግሉ እንደ ጀልባ፣ መረብ፣ ወጥመድ፣ ወንፊት፣ ከናይለን ክር የተያያዘ መንጠቆ ወይም የመሳሰሉት መሣሪያዎች ማለት ነው፡፡

፲፭)**“የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ”** ማለት የዓሣ ሀብት ለመቆጣጠር በኤጀንሲው የተመደበ ሰው ማለት ነው፡፡

፲፮)**“የውሃ አካል”** ማለት ወንዞች፣ ሐይቆች፣ ኩሬ፣ ዓመቱን ሙሉ የሚፈሱ ጅረቶች ወይም ማንኛውም ረግረጋማ መሬት ሲሆን የዓሣ ዝርያ በውስጡ የሚገኝበት ሆኖ የተፈጥሮ ሐይቆች ወይም በግለሰቦች እጅ ያሉ የውሃ ግድቦችን የሚያካትት ማለት ነው፡፡

፲፯)**“ውል”** ማለት አንድ የውሃ አካል ለግለሰብ ወይም ለማህበር ወይም ለድርጅት ለተወሰነ ጊዜ በኪራይ ወይም በኮንሴሽን መስጠት ማለት ነው፡፡

፲፰)**“ኮሚቴ”** ማለት በተለያየ ደረጃ ተቋቁሞ በዓሣ ልማት፣ ጥበቃ፣ አጠቃቀምና ቁጥጥር ላይ ውሣኔ ለመስጠት የሕግ ስልጣን ተሰጥቶት የተቋቋመ ማለት ነው፡፡

፲፱)**“ሰው”** ማለት ማንኛውም የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሕግ ሰውነት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡

፳) **“ማህበር”** ማለት በዓሣ ሀብት ሥራ እንቅስቃሴ ላይ የተሰማሩ የአስጋሪዎች ማህበር ማለት ነው፡፡

፳፩) **“የዓሣ ምርት”** ማለት ከውሃ ውስጥ የተ መረተ ዓሣና የጀርባ አጥንት ያለው፣ የሆድ እቃው የወጣ፣ አጥንት የወጣለት የዓሣ ሥጋ፣ ተዘልዝሎ የደረቀ፣ በጭስ የደረቀና በበረዶ የተዘጋጀውን ሁሉ ያካትታል፡፡



14)**“Fishing Equipment”** means any boat, net, trap, sieve, hook tied to a lynon line, or any similar equipment used for fishing.

15)**“Fish Resource Inspector”** means a person assigned by the Agency to inspect fishery resource.

16)**“Water body”** means rivers, lakes, ponds, watercourse or any swampy land where fish species is available including natural lakes or dams owned by individuals.

17)**“Contract”** means the provision of water body to an individual or association or organization for a definite period of time by lease or concession.

18)**“Committee”** means legal entity established at all levels entrusted with an authority to give decision on development, conservation, utilization and inspection of fishery resource.

19)**“Person”** means any natural person or juridical entity.

20)**“Association”** means associations engaged in fishery resource activities.

21)**“Fish Product”** means fish product obtained from water body including fish with its backbone, fillet, dried fish, smoked fish and frozen fish.

**3. Kaayyoo**

1) Qabeenyi qurxummii fi naannoon isaa akka eegamuu fi qurxummiin humna oomishaafi oomishtummaa qaama bishaanii olitti akka hin oomishamne ittisuu fi to'achuuf;

2) Dhiyeessaan callaa qurxummii qulqullinaanis ta'e, baay'inaan fooyyessuudhaan wabii nyaataa keessatti gumaacha inni taasisu guddisuu, bifa itti fufiinsa qabuun akka misoomu mirkaneessuufi misooma horsiisa qurxummii babal'isuuf.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun Naannoo Oromiyaa keessatti namoota yookiin qaamota qurxummii daldalaaf, bashannanaaf, qorannoof, akkasumas nyaata mataa isaaniitiif oomishan, horsiisan, qopheessan, geejjibaniifi kuusan, akkasumas qaama bishaanii tokko keessaa qaama bishaan birootti, naannoo Oromiyaa irraa gara naannoo birootti yookiin naannoo biroo irraa gara naannoo Oromiyaatti dabarsan irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**5. Ibsa Korniyaa**

Labsii kana keessatti jechi korniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**KUTAA LAMA**

**MISOOMA, EEGUMSAAFI ITTIFAYYADAMA QABEENYA QURXUMMII**

**6. Qabeenya Qurxummii Qaama Bishaan Uumamaa fi Nam-tolchee Keessatti Argamu**

Namni kamiyyuu:

1) Ejensii irraa eeyyama gahumsa ogummaa osoo hin argatin qaama bishaanii kamiyyuu keessaa qurxummii daldalaaf, bashannanaafi dhimma qorannoof kiyyeessuun dhorkaadha.

**፫. ዓላማ**

፩) የዓሣ ሀብትና አካባቢው እንዲጠበቅ፣ የውሃው አካል ከሚችለው ምርታማነት በላይ ዓሣ እንዳይመረት ለመከላከልና ለመቆጣጠር፣

፪) የዓሣ ምርት አቅርቦትን በጥራትም ሆነ በብዛት በማሻሻል በምግብ ዋስትና ውስጥ የሚያበረክተውን አስተዋጽኦ ማሳደግ፣ ቀጣይነት ባለው መልኩ መልማቱን ለማረጋገጥና የዓሣ እርባታ ልማትን ለማስፋፋት፡፡

**፬. የተፈፃሚነት ወሰን**

ይህ አዋጅ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ ዓሣን ለንግድ፣ ለመዝናኛ፣ ለምርምር፣ እንዲሁም ለራስ ምግብ በሚያመርቱ፣ በሚያረቡ፣ በሚያዘጋጁ፣ በሚያጓጉዙ፣ በሚያከማቹ ሰዎች ወይም አካላት እንዲሁም ከአንድ የውሃ አካል ወደ ሌላ የውሃ አካል፣ ከኦሮሚያ ክልል ወደ ሌላ ክልል ወይም ከሌላ ክልል ወደ ኦሮሚያ ክልል በሚያዘዋውሩት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

**፭. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ቃል የሴት ፆታንም ያካትታል፡፡

**ክፍል ሁለት**

**የዓሣ ሀብት ልማት፣ ጥበቃና አጠቃቀም**

**፮. በተፈጥሮና በሰው ሰራሽ የውሃ አካል ውስጥ የሚገኝ የዓሣ ሀብት**

ማንኛውም ሰው:-

፩) ከኤጀንሲው የሙያ ብቃት ፈቃድ ሳያገኝ ከማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ ዓሣን ለንግድ፣ ለመዝናኛና ለምርምር ማስገር ክልክል ነው፡፡

**3. Objective**

1) To conserve fishery resource and its ecosystem and prevent and supervise its over exploitation.

2) To improve the supply of fishery products in quality and quantity, and its contribution in ensuring food security, sustainable development of fish and expansion of fishery development.

**4. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable on individuals or entities engaged in commercial, recreational fishery activities, research, breeding, preparation, transportation, depositing of fish for trade, recreation, scientific research and personal consumption within Oromia Region and those who are engaged in transferring fish from one water body to another water body, from Oromia Region to another Region or from another Region to Oromia Region.

**5. Gender References**

Provisions of this proclamation set out in the masculine gender shall apply to the feminine gender.

**PART TWO**

**FISHERY RESOURCE DEVELOPMENT, PROTECTION AND UTILIZATION**

**6. Fishery Resource found in Natural and Man Made Water body**

Any person:

1) Shall not undertake fishing activity for commericial, recreational and research pupose from any water body without obtainin professional license from the Agency.

2) Ejensii irraa eeyyama gahumsa ogummaa osoo hin argatin qabeenya qurxummii eegamaa ta'an keessaa nyaataaf, daldalaaf, qorannoof yookin bashannanaaf qurxummii kiyyeessuun dhorkaadha.
3) Ejensii irraa eeyyama gahumsa ogummaa osoo hin argatin qaama bishaanii kamiyyuu keessaa cuucii qurxummii horsiisaafis ta'ee kaayyoo biraatif kiyyeessuun dhorkaadha.
4) Lammii biyya alaa ta'ee Ejensii irraa eeyyama bashannanaaf qurxummii kiyyeessuu osoo hin argatin qurxummii kiyyeessuun dhorkaadha.
5) Eeyyama mirga ittifayyadamuu osoo hin argatin nyaataaf, daldalaaf, bashannanaaf yookiin qorannoof iddoo "konseeshiniin" kenname keessaa qurxummii kiyyeessuun dhorkaadha.
6) Dhimma qorannoof yoo ta'e malee, meeshaalee dhuka'aadhaan, waraanaan, summiidhaanii fi biqiltuu summaa'aa ta'een yookiin humna elektiriikiitiin fayyadamuun qaama bishaanii kamiyyuu keessaa qurxummii kiyyeessuun dhorkaadha.
7) Eeyyama Ejensii irraa osoo hin argatin qaamolee bishaanii kamiyyuu keessaa dhimma qorannootiif qurxummii kiyyeessuu; qaamolee bishaanii kamiyyuu irraa qurxummii geejjibuu fi qaamolee bishaanii kamiyyuu keessatti horsiisa qurxummii gaggeessuu hin danda'u.
8) Qabeenya qurxummii kamiyyuu walitti qabuu, geejjibuu fi gurguruu irratti qaamni hirmaatu hundi eeyyama hojii argachuuf ulaagaa Dambii Labsii kana rawwachiisuuf bahuun kan murtaa'u ta'a.

፪) ከኤጀንሲው የሙያ ብቃት ፈቃድ ሳያገኝ ጥብቅ ከሆኑ የዓሣ ሀብት ውስጥ ለምግብ፣ ለንግድ፣ ለመዝናኛና ለምርምር ዓሣ ማስገር ክልክል ነው።
፫) ከኤጀንሲው የሙያ ብቃት ፍቃድ ሳያገኝ ከማንኛውም የውሃ አካል የዓሣ ጫጩት ለእርባታም ሆነ ለሌላ አላማ ማስገር ክልክል ነው።
፬) የውጭ ሀገር ዜጋ ሆኖ ከኤጀንሲው ለመዝናኛ ዓሣ የማስገር ፈቃድ ሳያገኝ ዓሣን ማስገር ክልክል ነው።
፭) የመጠቀም መብት ፈቃድ ሳያገኝ ለምግብ፣ ለንግድ፣ ለመዝናኛ ወይም ለምርምር በውል ከተሰጠ ቦታ ውስጥ ዓሣ ማስገር ክልክል ነው።
፮) ለምርምር ጉዳይ ካልሆነ በስተቀር ፈንጂ መሳሪያች፣ በጦር፣ በመርዝ እና በመርዛማ እፅዋት ወይም በኤሌትሪክ ሀይል በመጠቀም ከማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ ዓሣ ማስገር ክልክል ነው።
፯) ከኤጀንሲው ፈቃድ ሳያገኝ ከማንኛውም የውሃ አካላት ውስጥ ለምርምር ጉዳይ ዓሣን ማስገር፣ ከማንኛውም የውሃ አካል ዓሣን ማጓጓዝና በማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ የዓሣ እርባታ ማካሄድ አይችልም።
፰) ማንኛውንም የዓሣ ሀብት መሰብሰብ፣ ማጓጓዝና መሸጥ ላይ የሚሳተፍ አካል ሁሉ የሥራ ፈቃድ ለማግኘት የሚችልበት መመዘኛ ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

2) Shall not be involved in fishing activity from protected fishery resource for consumption, commercial, research or recreational purpose without obtaining professional license from the Agency.
3) Shall be prohibited from catching fingurlings from any water body for breeding or any other purpose without obtaining professional license from the Agency.
4) Who is a non-national shall not be engaged in fishing activity for recreational purpose without obtaining a license from the Agency to do so.
5) Shall not be engaged in fishery activity for consumption, commercial, recreational or research purpose from an area granted by consession without obtaining utilization right license.
6) Shall be prohibited from carrying out fishing activity from any water body using explosive, ammunition, poison or electric power except for the purpose scientific research.
7) Shall not be allowed to carry out fishing activity for the purpose of research, transport fish from any water body nor breed fish in any water body without obtaining a license from the Agency.
8) All organs engaged in carrying out taking, transporting and selling fish collecting shall obtain a license from the Agency; and the particulars shall be determined by the regulation to be issued to implement this Proclamation.

9) Qaama bishaan paarkii bineensoota bosonaa yookin naannawa eegamaa ta'etti bashannanaaf, nyaataaf, qorannoo fi daldalaaf qurxummii kiyyeessuuf kan danda'u qaama paarkicha bulchuu fi Ejensii irraa eeyyama argachuu qaba.

10) Qaama bishaanii dhuunfaadhaan qophaa'an keessaa yoo ta'e malee, qaama bishaanii kamiyyuu keessaa bishaan dhabamsiisuun qurxummii kiyyeessuun dhorkaadha.

11) Eeyyama qurxummii kiyyeessuuf kennameef haala kamiinuu nama birootti dabarsee kennuun dhorkaadha.

**7. Horsiisa Qurxummii**

1) Horsiisa qurxummii gaggeessuuf nama barbaaduuf eeyyamni kan kennamu:

(a) Lafa gahaa ta'ee fi hojii kanaaf bishaan barbaachisu kan qabu;

(b) Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo irraa ragaa mirkaneessa sakatta'a dhiibbaa naannoo dhiyeessuu kan danda'u; ta'uu qaba;

(c) Giddugaleessi horsiisa qurxummii dhaabbatu tokko naannoo irratti faalama kan hin dhaqqabsiisne yookiin qaama bishaanii naannootti argaman keessa kan jiraatan sanyii qurxummii fi lubbu-qabeeyyii biroo irratti miidhaa kan hin dhaqqabsiifne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

2) Ejensiin eeyyama gahumsa ogummaa yoo kenneef malee, namni kamiyyuu hojii ijaarsa giddugaleessa horsiisa qurxummii yookiin hojii horsiisa qurxummii gaggeessuu hin danda'u.

3) Namni eeyyama gahumsa ogummaa horsiisa qurxummii Ejensii irraa fudhate kamiyyuu hojii daldalaatiif sanyii qurxummii qorannoon deeggaraman horsiisuudhaan cuucii isaanii ittifayyadamtoota kan birootiif raabsuu ni danda'a.

፱) የዱር እንስሳት ፓርክ ጥብቅ በሆነ አካባቢ የውሃ አካል ከሚገኝ ለመዝናኛ፣ ለምግብ፣ ለምርምርና ለንግድ ዓሣን ለማስገር ፓርኩን ከሚያስተዳድረው አካልና ከኤጀንሲው ፍቃድ ማግኘት አለበት።

፲) በግል ከተዘጋጁ የውሃ አካላት ካልሆነ በስተቀር ከማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ ውሃን በማስወገድ ዓሣን ማስገር ክልክል ነው።

፲፩) ዓሣን ለማስገር የተሰጠውን ፈቃድ በማንኛውም ሁኔታ ለሌላ ሰው አሳልፎ መስጠት ክልክል ነው።

**፯. የዓሣ እርባታ**

፩) የዓሣን እርባታ ለማካሄድ ለሚፈልግ ሰው ፍቃድ የሚሰጠው፡-

(ሀ) በቂ የሆነ መሬት ያለውና ለዚህ ሥራ የሚያስፈልግ ውሃ ያለው፣

(ለ) ከገጠር መሬትና አካባቢ ጥበቃ ቢሮ የአካባቢ ተጽዕኖ ጥናት ማስረጃ ማቅረብ የሚችል፣

(ሐ) የሚቋቋመው የዓሣ እርባታ ማዕከል በአካባቢው ላይ ብክለት የማያስከትል ወይም በአካባቢው በሚገኘው የውሃ አካል ውስጥ በሚኖሩት የዓሣ ዝርያዎች እና በሌሎች ሕይወት ባላቸው ላይ ጉዳት የማያደርስ መሆኑ ከተረጋገጠ ብቻ ነው።

፪) በኤጀንሲው የሙያ ብቃት ፈቃድ ካልተሰጠው በስተቀር ማንኛውም ሰው የዓሣ እርባታ ማዕከል ግንባታ ወይም የዓሣ እርባታን ማካሄድ አይችልም።

፫) ከኤጀንሲው የዓሣ እርባታ ብቃት ፈቃድ የወሰደ ማንኛውም ሰው ለንግድ ሥራ በምርምር የተደገፉ የዓሣ ዝርያዎችን በማርባት ጫጩታቸውን ለሌሎች ተጠቃሚዎች ማከፋፈል ይችላል።

9) Shall obtain a permit from the body responsible for the administration of the park and from the Agency to undertake fishing activities from water bodies with in wild animal parks for the purpose of recreation, consumption, research and commerce.

10) Prohibited from fishing from any water body by way of sifting except from privately owned water body.

11) Prohibited from passing his fishing permit in any way to another person.

**7. Aquaculture**

1) Fishery license shall be given to a persons who wishes to undertake fishery activity:

(a) Where he has adequate land and the necessary water for the activity;

(b) Where he is able to produced an environmental impact assessment data from Rural Land and Environmental Protection Bureau;

(c) Where the establishement of the aquaculture facility does not have a negative impact on the surrounding environment or fish species and any other living things inhibiting within or surrounding the water body.

2) Unless provided with a professional license from the Agency any person shall not be engaged in the construction of fishery facility or cultivating/breeding fish.

3) Any person provoded with a permit from the Agency may supply fingerlings for the market and other users breed fishery species supported by research.

4) Namni horsiisa qurxummii gaggeessu kamiyyuu misooma qurxummii cinaatti, haala qilleensaa yookiin agro-ikoolojii bishaanii eeguuf wantoota dandeessisan, manca'ina biyyoo fi bishaanii hambisuuf biqiltuu adda addaa dhaabuu qaba.

5) Dhibeen qurxummii dhaabbata horsiisa qurxummii irraa bahee bakka birootti daddarbuu fi babal'achuu ni danda'a jedhamee yemmuu itti amanamu Ejensiin seeraan tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu ni danda'a.

**8. Waliigalteedhaan Qabeenya Qurxummiitti Fayyadamuu**

Qaama bishaanii tokko keessatti qabeenyi qurxummii argamu nama tokkoof yookiin namoota baay'eef bifa waliigalteetiin (konseeshiniitiin) haala kennamuu fi qabeenyi qurxummii kun yeroo dheeraaf haala misoomuu danda'u irratti sirni ittiin to'atamu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**9. Qabeenya Qurxummii Daangaa Naannoo, Godinaafi Aanaa Ce'ee Argamu**

1) Qabeenya qurxummii daangaa Godina yookiin Aanaa tokko ce'ee argamu ilaalchisee Godinaalee yookiin Aanaalee lamaa fi lamaa ol ta'an jiddu qaama bishaanii jiru keessatti qabeenya qurxummii misoomsuu fi eegu un Godinaaleen yookiin Aanaaleen kunneen marii fi waldeeggaruun akka hojjetan ni taasifama. Yoo waliigalteen dhabame caasaa itti aanuun hiika akka argatu taasifama.

2) Naannoon Oromiyaa naannolee ollaatti argaman waliin ta'uun qaamolee bishaanii naannolee kamiyyuu isaan daangessan keessaa qabeenya qurxummii jiru fayyadamuuf akkaataa waliigaltee naannolee wajjin uumamuufi seera biyyaatiin kan raawwatamu ta'a.



፬) ማንኛውም የዓሣ እርባታ የሚያካሂድ ሰው ከዓሣ ልማት በተጓዳኝ፣ የአየር ሁኔታን ወይም የውሃ አግሮ-ኢኮሎጂን ለመጠበቅ የሚያስችሉ ነገሮች፣ የአፈርና የውሃ ብክነትን ለማስቀረት የተለያየ እፅዋት መትከል አለበት።

፭) የዓሣ በሽታ ከዓሣ እርባታ ድርጅት ወጥቶ ወደ ሌላ ሊተላለፍና ሊስፋፋ ይችላል ተብሎ ሲታመንበት ኤጀንሲው በሕጉ መሠረት አስፈላጊውን እርምጃ መውሰድ ይችላል።

**፰. በዓሣ ሀብት የመጠቀም ውል**

በአንድ የውሃ አካል ውስጥ የሚገኘውን የዓሣ ሀብት ለአንድ ሰው ወይም ለብዙ ሰው በውል የሚሰጥበት ሁኔታና ይህ የዓሣ ሀብት ለረዥም ጊዜ ሊለማ በሚችልበት ሁኔታ ላይ ቁጥጥር የሚደረግበት ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**፱. የክልል፣ የዞንና የወረዳ ድንበር ተሻግሮ የሚገኝ የዓሣ ሀብት**

፩) አንድ የዞን ወይም የወረዳ ድንበር ተሻግሮ የሚገኝ የዓሣ ሀብትን በተመለከተ ሁለትና ከሁለት በላይ በሆኑ ዞኖች ወይም ወረዳዎች መካከል ባለው የውሃ አካል ውስጥ የዓሣ ሀብትን ማልማትና መጠበቅን እነዚህ ዞኖች ወይም ወረዳዎች በመወያየትና በመደጋገፍ እንዲሰሩ ይደረጋል። መስማማት ካልተቻለ ቀጥሎ ባለው መዋቅር መፍትሔ እንዲያገኝ ይደረጋል።

፪) የኦሮሚያ ክልል ከጎረቤት ክልሎች ጋር በመሆን ማንኛውንም ክልሎች ከሚያዋስኑ የውሃ አካላት ውስጥ ያለውን የዓሣ ሀብት ለመጠቀም ከክልሎቹ ጋር በሚደረገው ውልና በሀገሪቱ ሕግ መሠረት የሚፈፀም ይሆናል።



4) Besides breeding fishery resource any person shall plant different kinds of plants compatable with the cimate or that enables to preserve the agro-ecology of the water, prevent soil erosion and water wastage.

5) Where it is believed that fish disease from an aquaculture facility may spread to other places, the Agency may take the necessary legal measure.

**8. Utilization of Fishery Resource by Conssession**

The condition by which the consession of fishery resource found in a water body may be given to an individual or many individuals; the manner by which its sustainable development is inspected shall be determinedbyaregulationtobeissued.

**9. Transregional, zonal, and District Fishery Resource**

1) Where a water body is located between two or more adjuctant Zones or Districts, the fishery resource found there shall be to be developed and protected throug the discussion and coordination of these zones or Districts. Where the Zones or Districts cannot reach at an agreement, it shall be decided by the next structural hierarchy.

2) Regarding the utilization of fishery resource found in boundaries contingent with Oromia Region, it shall be executed in agreement intered with the concerned regions and in accordance with the law of the country.

**10. Haala Qabiinsa Callaa Qurxummii**

1) Haalli qabiinsa callaa qurxummii, qophii, kuusaa, geejjibaa fi hojiin daldala qurxummii sadarkaa qulqullina seeraan murtaa'e eeggatee raawwatamuu kan qabu ta'ee, haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) Callaan qurxummii fayyaa hawaasaa irratti miidhaa akka hindhaqqabsiifne namni hojii qurxummii irratti bobba'e hundinuu ofeegannoo barbaachisuun raawwachuu; sadarkaa qulqullinaa seeraan mirkanaa'e gadi ta'ee yoo argame Koree To'annoo Qabeenya Qurxummii dhaabbatuun tarkaanfiin callaa qurxummii kana maqsiisuu ni fudhatama. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**11. Ragaa Qindeessuu**

Ejensiin ragaalee qabeenya misooma qurxummii madda adda addaa irraa argaman walitti qabuufi bu'aa qorannoo irraa argaman gamaaggamuufi qindeessuun ittifayyadmtootaaf ni kenna.

**KUTAA SADII**

**TO'ANNOO QABEENYA QURXUMMII**

**12. Hundeeffamaa fi Aangoo Koree To'annoo Qabeenya Qurxummii**

1) Koreen sadarkaa adda addaatti gocha seeraan ala horsiisaafi oomisha qurxummii gaggeeffamu irratti murtii kennu Labsii kanaan sadarkaa Aanaatti kan hundeeffamu ta'ee, bakka bu'oota manneen hojii mootummaafi qaamolee adda addaa kan ofkeessaa qabaatu ta'a.

2) Aangoo Koree To'annoo Qabeenya Qurxummii:

(a) Qaamolee bishaanii Aanicha keessatti argaman irratti namootaafi waldaalee eeyyama hojii misooma qabeenya qurxummii argatanii socho'aa jiran gosaafi baay'ina meeshaalee ittiin kiyyeessan waliin galmeessuun ragaa ni qabata.

**፲. የዓሣ ምርት የአያያዝ ሁኔታ**

፩) የዓሣ ሀብት አያያዝ ሁኔታ፣ የመጋዘን ዝግጅት፣ የዓሣ ማጓጓዣና የንግድ ሥራ በሕጉ የተወሰነውን የጥራት ደረጃ ጠብቆ መከናወን ያለበት ሆኖ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

፪) የዓሣ ምርት በሕብረተሰቡ ጤና ላይ ጉዳት እንዳያደርስ በዓሣ ምርት ላይ የተሰማራ ሰው ሁሉ በአስፈላጊው ጥንቃቄ ማከናወን፣ በሕጉ ከተረጋገጠው የጥራት ደረጃ በታች ሆኖ ከተገኘ በሚቋቋመው የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ ኮሚቴ የዓሣ ምርቱን የማስወገድ እርምጃ ይወስዳል፡፡ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፲፩. ማስረጃን ማቀናጀት**

ኤጀንሲው ከተለያዩ ምንጭ የተገኙ የዓሣ ሀብት ልማት ማስረጃዎች እና ከምርምር የተገኘ ውጤት በመገምገምና በማቀናጀት ለተጠቃሚዎች ይሰጣል፡፡

**ክፍል ሦስት**

**የዓሣ ሀብት ቁጥጥር**

**፲፪. የዓሣ ሀብት የቁጥጥር ኮሚቴ መቋቋምና ሥልጣን**

፩) በተለያየ ደረጃ በሚካሄደው ሕገ ወጥ የዓሣ እርባታና ምርት ላይ ውሣኔ የሚሰጥ ኮሚቴ በዚህ አዋጅ በወረዳ ደረጃ የሚቋቋም ሆኖ የመንግስት መ/ቤቶች ተወካዮችና የተለያዩ አካላትን ያካተተ ይሆናል፡፡

፪) የዓሣ ሀብት ተቆጣጠሪ ኮሚቴ ስልጣን

(ሀ) በወረዳ ውስጥ በሚገኙ የውሃ አካላት ላይ የዓሣ ሀብት ልማት ሥራ ፈቃድ አግኝተው በመንቀሳቀስ ላይ ያሉ ሰዎችና ማህበራት ከሚያጠምዱበት የማጥመጃ መሳሪያዎች አይነትና ብዛት ጋር በመመዝገብ መረጃ ይይዛል፡፡

**10. Condition for Handling Fish Product**

1) The condition for handling fish product, its processing, storage, transport and commerce shall meet the required quality standard set by the law; its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

2) Any one engaged in fishery activities shall do so with due precaution for the fishery product not to harm the health the society; where its quality is found to be below the standard set by law measurs of destroying the fish product shall be taken by the Fishery Resource Inspection Committee to be established. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

**11. Organizing Data**

The Agency shall collect data of fishery development obtained from varous sources and research findings, evaluate, organize and dessiminate the same to the users.

**PART THREE**

**FISHERY RESOURCE INSPECTION**

**12. Establishment and Powers of Fishery Resource Inspection Committee**

1) A Committee with the authority of passing a decision on illegal fish breeding, and production activities executed at different levels shall be established at the district level by this Proclamation; it incorporates representatives from various government offices and various bodies.

2) Powers of Fishery Resource Inspection Committee

(a) The Committee shall register fishing gears in kind and number of those individuals and associations that obtained fishery resource development activity permit in water bodies of the district;

(b) Kiyyeessaan yookiin daldalaan yookiin horsiisaan qabeenya qurxummii tokko seeraan ala raawwachaa jiraachuun isaa To'ataa Qabeenya Qurxummii irraa gabaasni yammuu dhiyaatu kallattii Dambii bahuutiin dhimmicha xinxalee murtii kan kennu ta'a.

(c) Naannoo qaama bishaanii tokkotti ittifayyadamtoota qabeenya qurxummii jiddutti walitti bu'iinsa jiraachuu danda'u qorachuun waliigalteen akka uumamu ni taasisa.

(d) Callaan qurxummii seeraan ala oomishamee fi geejjibamu seeraan ala ta'uun isaa to'ataadhaan mirkanaa'ee yammuu dhiyaatu manca'ina irraa hambisuuf akka gurguramu murtii kan itti kennuu fi maallaqni isaa Mootummaaf galii akka ta'u ni taasisa.

(e) Meeshaalee kiyyeessitootaa eeyyama hinqabnee fi dhorkamoo ta'an yammuu to'annoo jala oolan akkaataa Dambii bahuun tarkaanfii kan fudhatu ta'a.

(f) Murtii koreen kun kennu irratti ol iyyannoon yoo gaafatame ragaa murtiin itti kenname qaama gaafatuuf ni kenna.

3) Hojimaanni raawwii hojiifi miseensonni Koree Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

4) To'ataan Qabeenya Qurxummii seeraan ala tarkaanfii narratti fudhate jechuun komii namni kamiyyuu dhiyeessu fudhatee murtii ni kenna.

5) Namni murtii koree irratti komii qabu kamiyyuu guyyaa murtiin kenname irraa kaasee guyya 10 (kudhan) keessatti Waajjira Ejensii Aanaatti dhiyeeffachuun murtii dhumaa argachuu ni danda'a.

6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti kan tumame jiraatus namni murtii Waajjira Ejensii Aanaarratti komii qabu dhimmasaa Mana Murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'a.



(ለ) አንድ የዓሣ ሀብት አስጋሪ ወይም ነጋዴ ወይም አርቢ ሕገ ወጥ ተግባር እየፈፀመ መሆኑ ከዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ ሪፖርት ሲቀርብ ከሚወጣው ደንብ አንፃር ጉዳዩን መርምሮ ውሣኔ የሚሰጥ ይሆናል::

(ሐ) በአንድ የውሃ አካል አካባቢ በዓሣ ሀብት ተጠቃሚዎች መካከል ሊኖር የሚችለውን ግጭት በመመርመር ስምምነት እንዲፈጠር ያደርጋል::

(መ) በሕገ ወጥ መንገድ የተመረተ እና የሚጓጓዝ የዓሣ ሀብት ሕገወጥ መሆኑ በተቆጣጣሪው ተረጋግጦ ሲቀርብ ከብክነት ለማዳን እንዲሸጥ ውሣኔ እንዲሰጥና ገንዘቡ ለመንግስት ገቢ እንዲሆን ያደርጋል::

(ሠ) ፈቃድ የሌላቸውና የተከለከሉ የማስገሪያ መሳሪያዎች በተቆጣጣሪው በቁጥጥር ሥር ሲውሉ በሚወጣው ደንብ መሠረት እርምጃ የሚወስድ ይሆናል::

(ረ) ኮሚቴው በሚሰጠው ውሣኔ ላይ ይግባኝ ከተጠየቀ ውሣኔ የተሰጠበት ማስረጃ ለሚጠይቀው አካል ይሰጣል::

፫) የኮሚቴ አባላትና የአሰራር ስርዓቱ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል::

፬) ማንኛውም ሰው የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ በሕገ ወጥ መንገድ እርምጃ ወስዶብኛል በማለት የሚያቀርበውን ቅሬታ ተቀብሎ ውሣኔ ይሰጣል::

፭) በኮሚቴው ውሣኔ ላይ ቅሬታ ያለው ማንኛውም ሰው ውሣኔ ከተሰጠበት ቀን ጀምሮ በ፲ (አሥር) ቀን ውስጥ በወረዳ ኤጀንሲ ጽ/ቤት በማቅረብ የመጨረሻ ውሣኔ ማግኘት ይችላል::

፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፭ ሥር የተደነገገው ቢኖርም በወረዳው የኤጀንሲ ጽ/ቤት ውሣኔ ላይ ቅሬታ ያለው ሰው ጉዳዩን ፍርድ ቤት ማቅረብ ይችላል::



(b) Where a report is submitted from the Fishery Resource Inspector that a fisher or trader or a cultivator of fishery resource is found to be engaged in an illegal activity, examine the case and passes a decision based on the regulation to be issued;

(c) Shall study the possibility of dispute between beneficiaries of fishery resource from the same water body and settle amicably.

(d) Where the Inspector verifies and submits that a fishery product produced and transported to be illegal shall pass a decision for its sale in order to prevent spoilage and the cash realized from the proceeding to be deposited in the government treasury. Shall pass a decision for its sale in order to prevent spoilage and the cash realized from the proceeding to be deposited in the government treasury where the Inspector verifies and submits that a fishery product produced and transported to be illegal.

(e) Where unlicenced and disallowed fishing equipments are seized, shall take measures in accordance with the regulation to be issued.

(f) Where there is an appeal against the decision of the Committee, shall give the copy of the decision to the organ that requests.

3) Working Procedure and members of the committee shall be determined by the regulation to be issued.

4) Shall give its decision, where there is a complaint from anyone stating that measures taken by the Fishery Resource Inspector to be illegal.

5) Where any person has a complaint against the decision of the committee may submit its complaint to the Office of the Agency at the District level within 10 days from the date the decision is given and get a final decision.

6) Without prejudice to Article 5 of this Article any person who has a complaint against the decision of the Office of the Agency at the District level may take his case to the court.

**13. To'ataa Qabeenya Qurxummii**

To'ataan Qabeenya Qurxummii misoomaa fi sochii seeraan ala raawwatamu kamiyyuu hordofuufi to'atu Ejensichaan kan ramadamu ta'a.

**14. Angoo fi Gahee Hojii To'ataa Qabeenya Qurxummii**

To'ataan Qabeenya Qurxummii aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Kiyyeessaan qurxummii qaama bishaanii irratti hojjechaa jiru kamiyyuu hojii seeraan alaa hojjechaa jira jedhee yoo amane, eeyyama mana murtii malee sakatta'uus ta'ee meeshaalee ittiin kiyyeessan kamiyyuu qorachuu ni danda'a.
2) Nama seeraan ala qurxummii kiyyeessee argame maqaa fi teessoo isaa, waraqaa eenyummaa fi ragaalee biroo dhimma kanaaf gargaaran akka kennuuf gaafachuu ni danda'a.
3) Qurxummiin geejjibamee gabaatti dhiyaatu eeyyama kan hin qabne yoo ta'e to'annaa jala oolchuun koreetti dhiyeessee murtii akka argatu ni taasisa.
4) Keewwata kana, Keewwata Xiqqaa 3 jalatti akkaataa tumameen oomishni qurxummii to'annaa jala oole kan baduufi turuu kan hindandeenye yoo ta'e, murtii koreetiin gurguramee hanga murtii mana murtii argatutti maallaqni yaboodhaan saanduqa Mootummaa keessa akka turu galii ni taasisa.
5) Meeshaaleeniifi bidiruun kiyyeessaa haala seeraan ala ta'een faayidaa irra oolanii yoo argaman to'annaa jala oolchee seeratti ni dhiyeessa. Haalli raawwii isaas Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
6) Qurxummiin lubbuun jiru kamiyyuu dhukkubsachuun isaafi callaan qurxummii faalamuun yookiin summaa'uun faayidaa ala ta'uun isaa ragaan yoo mirkanaa'e akka maqfamu ni taasisa.

**፲፫. የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ**

ማንኛውንም ሕገ ወጥ ልማትና እንቅስቃሴን የሚከታተልና የሚቆጣጠር የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ በኤጀንሲው የሚመደብ ይሆናል::

**፲፬. የዓሣ ሀብት ተቆጣጠሪ ሥልጣንና የሥራ ድርሻ**

የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ የሚከተለው ሥልጣንና የሥራ ድርሻ ይኖረዋል:-

፩) በውሃ አካል ላይ በመሥራት የሚገኝ ማንኛውም ዓሣ አስጋሪ ሕገውጥ ሥራ እየሰራ ነው ተብሎ ካመነበት፣ ያለ ፍርድ ቤት ፈቃድ መፈተሽም ሆነ ማንኛውንም የማስገሪያ መሳሪያዎችን መመርመር ይችላል::
፪) በሕገወጥ መንገድ ዓሣን አጥምዶ የተገኘ ሰው ስምና አድራሻውን፣ የመታወቂያ ወረቀት እና ለዚህ ጉዳይ የሚያገለግሉ ሌሎች ማስረጃዎች እንዲሰጠው መጠየቅ ይችላል::
፫) ተጓጉዞ ለገበያ የሚቀርብ ዓሣ ፈቃድ የሌለው ከሆነ በቁጥጥር ሥር በማዋል ለኮሚቴ አቅርቦ ውሣኔ እንዲያገኝ ያደርጋል::
፬) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፫ ሥር በተደነገገው መሠረት በቁጥጥር ሥር የዋለው የዓሣ ምርት የሚበላሽና ሊቆይ የማይችል ከሆነ በኮሚቴው ውሣኔ ተሸጦ የፍ/ቤት ውሣኔ እስከሚያገኝ ድረስ ገንዘቡ በአደራ በመንግስት ካዝና ውስጥ እንዲቀመጥ ገቢ ያደርጋል::
፭) የማስገሪያ እቃዎችና ጀልባ ሕገወጥ በሆነ ሁኔታ ጥቅም ላይ ውለው ከተገኙ በቁጥጥር ስር አውሎ ለሕግ ያቀርባል:: አፈፃፀሙም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል::
፮) ማንኛውም በሕይወት ያለ ዓሣ መታመሙና የዓሣው ምርት መበከሉ ወይም በመመረዙ ከጥቅም ውጪ መሆኑ በማስረጃ ከተረጋገጠ እንዲወገድ ያደርጋል::

**13. Fishery Resource Inspector**

A Fishery Resource Inspector who supervise and control any illegal fishery development and activity shall be assigned by the Agency.

**14. Power and Function of Fishery Resource Inspector**

Fishery Resource Inspector shall have the following powers and functions:

1) Where he believes that any fisherman working on a water body is engaged in illegal activity may conduct a search and inspect any fishing equipment used without a court order.
2) Where any person is found engaged in illegal fishing may demand to give his name, address, identity card and other supporting information regarding the issue.
3) Where the fish transported to the market is found to be without permit shall seize and submit to the Committee to give a decision.
4) Where the fish seized pursuant to Sub-Article 3 of this Article may get spoild and not stay fresh for long, make it to be sold by the decision of the Committee and deposit the proceeds from the sale in the treasury of the government for a time until a court passes its decision.
5) Where fishing equipments and a boat are found to be used illegally (in an illegal manner) shall seize and and bring before the law. Its implimentation shall be determined by the regulation to be issued.
6) If the supervisor has confirmed the fact that fish products are poised and spoiled by evidence, he shall dispose such spoiled and poised fish products.

7) Meeshaalee qurxummii kiyyeessuuf ittifayyadame, gosaafi baay'ina qurxummii kiyyeeffame, akkasumas naannoo qurxummiin irraa kiyyeeffame ragaa akka dhiyeessuuf nama kamiiniyyuu gaafachuu ni danda'a.

8) Dhaabbilee horsiisaa, kuusaa, geejjibaafi gurgurtaa qurxummii gaggeessaniifi meeshaa ittiin geejjibaman ni sakatta'a; sadarkaa barbaachisu guutuu kan hin dandeenye yoo ta'e seeratti dhiyeessee tarkaanfiin barbaachisaa ta'e akka irratti fudhatamu ni taasisa.

**15. Dirqama To'ataa Qabeenya Qurxummii**

To'ataan Qabeenya Qurxummii dirqama armaan gadii ni qabaata:

1) To'ataa Qabeenya Qurxummii ta'uu isaa baajii eenyummaa isaa ibsu maxxanfachuu yookiin waraqaa eenyummaa waajjira isaa agarsiisuu qaba.

2) Qurxummiin qabame faayidaa irra oolu kan danda'u yoo ta'e akka hin mancaane koreetti dhiyessuun gurguramee yaboodhaan saanduqa Mootummaatti galii akka ta'u taasisuu qaba. Faayidaa irra oolu kan hin dandeenye yoo ta'e murtii koreetiin akka maqfamu taasisuu qaba.

3) Qurxummii, meeshaalee qurxummii kiyyeessuu fi geejjibuuf oolaniifi meeshaalee biroo seeraan alaa faayidaa irra oolan kamiyyuu to'annoo jala oolchee akaakuufi hanga isaa ifatti caqasuun nagahee kennuu qaba.

4) Qurxummiifi meeshaalee seeraan ala jedhamanii qabaman seeratti dhiyeessuu qaba.



፯) ማንኛውም ሰው ለዓሣ ማስገሪያ የተጠቀመባቸውን መሳሪያዎች፣ የተጠመደ የዓሣ አይነትና ብዛት እንዲሁም ዓሣው የተጠመደበትን አካባቢ ማስረጃ እንዲያቀርብ ማዘዝ ይችላል::

፰) የዓሣ እርባታ፣ ማከማቸት፣ ማጓጓዝ እና ሽያጭ የሚያካሂዱ ድርጅቶችና የሚጓጓዝበትን እቃ ይፈትሻል፣ አስፈላጊውን ደረጃ ማማሏት የማይችል ከሆነ ለሕግ አቅርቦ አስፈላጊ እርምጃ እንዲወሰድበት ያደርጋል::

**፲፭. የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ ግዴታ**

የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ የሚከተለው ግዴታ ይኖረዋል፤

፩) የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ መሆኑን ማንነቱን የሚገልጽ ባጅ መለጠፍ ወይም የመ/ቤቱን የመታወቂያ ወረቀት ማሳየት አለበት::

፪) የተጠመደው ዓሣ ጥቅም ላይ ሊውል የሚችል ከሆነ እንዳይባክን ለኮሚቴ በማቅረብ ተሸጦ በአደራ በመንግስት ካዝና ገቢ እንዲሆን ማድረግ አለበት:: ጥቅም ላይ ሊውል የማይችል ከሆነ በኮሚቴው ውሣኔ እንዲወገድ ማድረግ አለበት::

፫) ዓሣ፣ ዓሣን ለማስገርና ለማጓጓዝ የዋሉ እቃችና ሌሎች በሕገወጥ ሥራ ላይ የዋሉ በቁጥጥር ሥር ያዋላቸውን መሳሪያዎች አይነቱንና መጠኑን በግልጽ በመጥቀስ ደረሰኝ መስጠት አለበት::

፬) ሕገ ወጥ ተብለው የተያዙ ዓሣና መሳሪያዎችን ለሕግ ማቅረብ አለበት::



7) May demand any person to provide information regarding the gears used, the type and size of fish caught, and the fishing area where it is cought.

8) Shall inspect aquaculture facilities, storage, tansport and marketing facilities and vessels used for transportation; bring before the law and make the necessary measure to be taken, where they failed to meet the required standard.

**15. Duties of the Fishery Resource Inspector**

Fishery Resource Inspector shall have the following duties:

1) Shall have to pin is badge which identifies him to be a Fishery Resource Inspector or show an identity card given by the office.

2) Where the fish seized could be consumed submit a report to the Committee (and upon the decision of the Committee) for it to be sold and and the proceeds from the sale deposited in the treasury of the government in time; where is spoiled and cannot be used, despose of it upon the decision of the Committee.

3) Shall give a receipt for the fish, equipments/gears used for fishing and transporting and any other equipments employed illegally describing clearly in type and number.

4) Shall submit fish and gears alleged (allegedly) illegal and seized before the law.

## KUTAA AFUR
## TUMAALEE ADDA ADDAA

**16. Adabbii**

1) Namni kamiyyuu:

(a) Qurxummii kiyyeessuuf qaama bishaanii kamiyyuu keessatti miidhaa kan dhaqqabsiisan meeshaalee kiyyeessitootaa, biqiltuuwwan adoochaa yookiin summii ta'an, dhukaatoota yookiin meeshaalee kirkirsa elektiriikii fidan kan fayyadamee fi fayyadamuuf kan yaale;

(b) Qaama bishaanii qurxummiin keessaa akka hin kiyyeeffamne guutumaa guututti yookiin gartokkeen yeroodhaaf dhorkaman irraa qurxummii kan kiyyeesse;

(c) Eeyyama malee yookiin haala eeyyama kennameen walfaallessuun, qurxummii kan kiyyeesse yookiin qurxummii lubbuu qabu yookiin killee qurxummii naannichaan alaa fiduun qaamolee bishaaniitti kan naqe yookiin naannicha keessaa baasee gara naannoo biraa kan geesse, yookiin qaama bishaanii tokko keessaa baasee gara qaama bishaan birootti kan dabarse;

(d) Fayyaa ittifayyadmtootaa haala miidhuun qurxummiifi callaa qurxummii faayidaan ala ta'e yookiin faalame yookiin summaa'e, meeshaa hin eeyyamamneen yoo geejjibe, yookiin gabaaf dhiyeessee yoo argamee fi ragaadhaan kan mirkanaa'e yoo ta'e; seera biraatiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, adabbii hidhaa waggaa 1 (tokko) gadi hin taaneefi waggaa 3 (sadii) hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa hanga Qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

## ክፍል አራት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፲፮. ቅጣት**

፩) ማንኛውም ሰው

(ሀ) ዓሣን ለማስገር በማንኛውም የውሃ አካል ውስጥ ጉዳት የሚያደርሱ የማስገሪያ መሳሪያዎች፣ አደንዛዥ እፆች ወይም መርዛማ የሆኑ ወይም ፈንጂዎች ወይም የኤሌክትሪክ ንዝረት የሚያስከተሉ መሳሪያዎችን የተጠቀመና ለመጠቀም የሞከረ፣

(ለ) ዓሣ እንዳይጠመድበት ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ለጊዜው ከተከለከለ የውሃ አካል ላይ ዓሣ ያጠመደ፣

(ሐ) ያለፈቃድ ወይም ከተሰጠው ፈቃድ ጋር በሚቃረን ሁኔታ ዓሣን ማጥመድ ወይም ሕይወት ያለው ዓሣ ወይም የዓሣ እንቁላል ከአካባቢው ውጭ በመምጣት በውሃ አካላት ላይ መጨመር፣ ከአካባቢው አውጥቶ ወደ ሌላ አካባቢ በመውሰድ ወይም ከአንድ የውሃ አካል አውጥቶ ወደ ሌላ የውሃ አካል መውሰድ፣

(መ) የተጠቃሚዎችን ጤና በሚጎዳ ሁኔታ ከጥቅም ውጪ የሆነ ዓሣና የዓሣ ምርት ወይም የተመረዘ፣ ባልተፈቀደ እቃ ካጓጓዘ ወይም ለገበያ አቅርቦ ከተገኘና በማስረጃ የተረጋገጠ ከሆነ በሌላ ሕግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ከ፩ (አንድ) ዓመት ያላነሰና ከ፫ (ሦስት) አመት ባልበለጠ የእስራት ቅጣት ወይም እስከ ብር ፲ሺ (አሥር ሺህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ወይም በሁለቱም ይቀጣል።

## PART FOUR
## MISCELLANEOUS PROVISIONS

**16. Penalty**

1) Any person who:

(a) has used fishing gears, narcotizing or poisionus plants, or tried to use explosives or electric devise capable of producing electric shock for the purpose of fishing;

(b) has undertaken fishing activity from water bodies fully or partially prohibited to fish from;

(c) has undertaken fishing without a permit or in contravention to the terms the permit, or transfer live fish or eggs from another region and introduce in to water bodies of the region, or from one water body to another;

(d) has been found supplying spoild or contaminated fish and fish product, transporting it by prohibited vessel or supplying it for the market in a manner harmful to the users, and where proven by evidence shall be punished with imprisonment for not less than 1 (one) year and not exceeding 3 (three) years or with a fine up to 10,000.00 (ten thousand) birr or with both, unless and otherwise it is punishable more by other laws.

2) To'ataan Qabeenya Qurxummii ta'e jedhee yookiin aangoo isaatti seeraan ala fayyadamuun nama qurxummii horsiisu, oomishu, daldalu, geejjibu, kuusu, yookiin qo'annoofi bashannanaaf kiyyeessu irratti miidhaa geessisuuf kan to'annaa jala oolche, osoo to'annaa jala oolchuu qabuu kan dhiise yookiin akka hin kiyyeessine kan dhoorke yoo ta'e, adabbii hidhaa ji'a 3 (sadii) gadi hintaaneefi ji'a 6 (jaha) hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii 3000.00 (kuma sadii) hanga 5000.00 (kuma shanii) yookiin lamaaniinuu ni adabama.

## 17. Tarkaanfiiwwan Dabalataa Kan Biroo

1) Namni kamiyyuu, tumaalee Labsii kanaa darbuudhaan yakka hojjateera jedhamee balleessaa ta'uun isaa yammuu mirkanaa'u, gosa adabbii himatamaa kana irratti kennamu kamittuu dabaltaan, manni murtii:

(a)Raawwatiinsa yakkaatiif kan oolan bidiruu yookiin meeshaaleen qurxummii ittiin kiyyeessan akka dhaalaman;

(b)Callaan qurxummii kamiyyuu kan qabamu yookiin kan gurguramu yoo ta'e maallaqni isaa akka dhaalamu;

(c)Karaa seeraan ala ta'een hojii qurxummii kiyyeessuuf kan oole summiin, dhuka'aan yookiin meeshaaleen kan biroo dhorkamoo ta'an kamiyyuu akka dhaalaman;

(d)Hojii qurxummii kiyyeessuuf ykn daldaaluuf eeyyamni kenname akka dhorkamu ykn akka haqamu ajaja kennuu ni danda'a.



፪) የዓሣ ሀብት ተቆጣጣሪ ሆን ብሎ ወይም በስልጣኑ በሕገወጥ መንገድ በመጠቀም ዓሣ የሚያረባ፣ የሚያመርት፣ የሚነግድ፣ የሚያጓጉዝ፣ የሚያከማች ወይም ለምርምርና ለመዝናኛ በሚያጠምድ ሰው ላይ ጉዳት ለማድረስ በቁጥጥር ሥር ያዋለ፣ በቁጥጥር ሥር ማዋል ሲገባው የተወ ወይም እንዳያጠምድ የከለከለ ከሆነ፣ ከ፫ (ሦሥት) ወር ያላነሰና ከ፮ (ስድስት) ወር ያልበለጠ የእስራት ቅጣት ወይም የገንዘብ መቀጮ ከብር ፫ (ሦሥት) ሺህ እስከ ፭ (አምስት) ሺህ ወይም በሁለቱም ይቀጣል።

## ፲፯. ሌሎች ተጨማሪ እርምጃዎች

፩) ማንኛውም ሰው የዚህን አዋጅ ድንጋጌዎች በመተላለፍ ወንጀል ሰርቷል ተብሎ ጥፋተኛ መሆኑ ሲረጋገጥ በተከሣሹ ላይ ከሚሰጠው ማንኛውም የቅጣት አይነት በተጨማሪ ፍርድ ቤቱ፦

(ሀ) ለወንጀሉ መፈፀሚያ የዋሉ ጀልባ ወይም የዓሣ ማስገሪያ መሳሪያዎች እንዲወረሱ፣

(ለ) ማንኛውም የዓሣ ምርት የሚያዝ ወይም የሚሸጥ ከሆነ ገንዘቡ እንዲወረስ፣

(ሐ) ሕገወጥ በሆነ መንገድ ለዓሣ ማስገሪያ ሥራ የዋለ መርዝ፣ ፈንጂ ወይም ሌሎች የተከለከሉ ማንኛውም እቃዎች እንዲወረሱ፣

(መ) ዓሣን ለማስገር ወይም ለመነገድ ሥራ የተሰጠ ፈቃድ እንዲታገድ ወይም እንዲሰረዝ ትዕዛዝ መስጠት ይችላል።



2) Where the inspector intentionally or beyond his legal power detained a person who cultivates, produces, trades, transports, stocks fish or engaged in fishing for study or recreational purpose, or released where he is supposed to detain or prohibit not to fish shall be punished with imprisonment for not less than 3 (three) months and not exceeding 6 (six) months or with a fine of 3,000.00 (three thousand) up to 5,000 (five thousand) Birr or with both.

## 17. Other Additional Sanctions

1) Where any person is convicted of an ofence in contravention of this Proclamation, the court may, in addition to any other penality imposed shall order:

(a) the confiscation of the fishing boat or gears used in commission of the offence;

(b) the money collected from the sale of illegally obtained fish shall be confiscated.

(c) the confiscation of any poison, explosive or any other prohibited gears illegally used for fishing;

(d) the suspension or canclation of any fishing or fish trade permit.

2) Yakka raawwatameef murtiin erga itti kennamee booda meeshaaleen qabaman akka dhaalaman ajajni yoo itti kenname malee, murtiin itti kennamee guyyaa 30 keessatti, adabbiin maallaqaa yoo kaffalamuu baate, meeshaaleen qabaman gurguramanii, maallaqa gurgurtaa irraa argameen adabbiin sun akka uwwisamu ni taasifama.

3) Himannaan yakkaa erga dhiyaatee booda himatamaan bilisa ta'ee yoo gadi lakkifame, qurxummiin jalaa qabame yookiin gatiin gurgurtaa, akkasumas meeshaaleen biroo himatamichaaf ni deebi'a.

**18. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojii irra oolmaa Labsii kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu qaba.

**19. Seerota Raawwatiinsa Hinqabaanne**

Seeraa fi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimma Labsii kanaan hammatame irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**20. Aangoo Dambii Baasuu**

Mannii Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa raawwii Labsii kanaaf Dambii baasuu ni danda'a.

**21. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Labsiin kun Guraandhala 2 Bara 2005 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Guraandhala 2 Bara 2005**

**Alamaayyoo Atoomsaa**

**Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

፪) ለተፈፀመው ወንጀል ውሣኔ ከተሰጠ በኋላ የተያዙ እቃዎች እንዲወረሱ ትዕዛዝ ካልተሰጠበት በስተቀር ውሣኔ በተሰጠበት በ፴ (ሰላሣ) ቀናት ውስጥ የገንዘብ መቀጮ ካልተከፈለ፣ የተያዙት መሳሪያዎች ተሽጠው ከሽያጩ በተገኘው ገንዘብ ቅጣቱ እንዲሸፈን ይደረጋል::

፫) የወንጀል ክስ ከቀረበ በኋላ ተከሣሽ ነፃ ከተለቀቀ የተያዘው ዓሣ ወይም የሽያጩ ዋጋ፣ እንዲሁም ሌሎች መሳሪያዎች ለተከሣሹ ይመለሳሉ::

**፲፰. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**

ማንኛውም ሰው ለዚህ አዋጅ ተግባራዊነት ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት::

**፲፱. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች**

ከዚህ አዋጅ ጋር ተቃራኒ የሆኑ ሕጎችና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ አዋጅ በተመለከቱት ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም::

**፳. ደንብ የማውጣት ሥልጣን**

የክልሉ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ለዚህ አዋጅ አፈፃፀም ደንብ ማውጣት ይችላል::

**፳፩. ይህ አዋጅ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ከየካቲት ፪ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል::

**አዲስ አበባ፣ የካቲት ፪ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም**

**አለማየሁ አቶምሳ**

**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

2) Where, following a conviction, any goods seized are not ordered to be confiscated and where any fine remains unpaid within 30 (thirty) days of the conviction, such goods may be sold and the proceeds shall be used to cover the fine;

3) Where following a procsecution, an accused person is acquitted, the seized fish or the proceeds that have been realized from the sale of fish, and other goods shall be returned to the person.

**18. Duty to Support**

Any person shall have a duty to give support for the enforcement of this proclamation.

**19. Inapplicable Laws**

Any law and traditional practices which contravenes this proclamation shall not be applicable on matters provided for in this proclamation.

**20. Power to Enact Regulation**

The Regional Administrative Council may enact regulation for the enforcement of this proclamation.

**21. Effective Date**

This proclamation shall enter into force as of the 9th day of February 2013.

**Finfine, 9th day of February 2013**

**Alemayehu Atomsa**

**President of the National Regional State of Oromia**